WANTOOTA ISIN BARUU QABDAN WAA'EE QORUMSA COVID-19 ILAALCHISEE

1 AKKAMIN QORUMSI GAGGEFFAMAA?

Namootni qoramuu barbaadan dursan dhaabbata tajaajila fayyaa isaaniif dhiyeessu (Visit with provider) qunnamuu qabu. Amma yeroo kanati, namoota mallattoo COVID-19 kanneen akka ho'ina qaama, qufaa, yookiin rakkina hargansuu qabaniif dursi ni kennama.



DHAABBATAA FAYYAA KEESSAN QUNNAAMA

Namootni kan isaan mallattoowwan COVID-19 (ho'ina qaama, qufaa, rakkina hargansuu) adda ba'aan qaaman yookiin karaa bilbilaati. Akkaataa qajeelcha qorumsa Washington State Department of Health (Dhaabbataa Eegumsaa Fayyaa Naannoo Waashingiitaan)'ti, dhabbatni yaali fayyaa dhiheessu akka qorumsichi sirrii ta'ee ni mirkaneessa.

DHANGALA'AN FUNYANII NI FUDHAMA

Yoo dhabbatni fayyaa sun qorumsi COVID-19 ni barbaachisa jedhe murteesse, dhabbatichi dhangala'a funyaanii ni fudhaa yookiin akkaataa itti ofin fudhamu dhukkubsataati agarsiisa.



DHANGALA'AAN SUN GARA LAABORAATORIITI ERGAMAA

Wanti dhangala'a sana baatu dhangala'a Sanaa waliin gara laboratoriiti ergamuun ilaalama.

DEEBIIN QORUMSICHA GARA DHUKKUBSATAATI ERGAMA

Yoo deebiin qorumsicha poozativii ta'ee, deebiin qorumsicha gara Public Health — Seattle & King County (Dhaabbataa fayyaa hawaasati Seetil fi kingii kawuunti) ergamaa.

2 AKKAMINIIN QORAMEE ILAALAMUU DANDA'A?

Duraan dursa, qorumsi kan gorfamuu namoota mallattoo dhukkubicha agarsiisaniifi. Yoo mallattoo COVID-19 agarsiisa jirtu ta'e, akkataan qorumsa keessan eenyummaa keessaan irratti hundaa'a. Gartuuwwan dursi kennamuuf, namoota murteesso, hojjetoota fayyaa, fi namoota bakka jireenya hin mijaatne fi bakkaa yaaliin dheeraa isaan barbaachisuu keessa jiraatan, akkasumaas bakka yaalii bira kan uummataa irraa adda ta'ee kan barbaadan kanneen akka rakkinaa dheerina qaban.

NAMOOTA MURTEESSO

Namootni murteessoon kanneen akka, Poolisii fi namoota deeggarsa yaala hatattamaa kennaan, namootni akkasii dhaabbataa eegumsa fayyaa isaaniif dhiheessu haasofsiisu qabuu yoo mallattoowwan COVID-19 agarsiisan. Haalli qorumsa addaan ni mijeefamaafi akka isaan dafanii yeroon hojiitti deebi'aniif.



HOJJETOOTA FAYYAA

Hojjetootni fayyaa yoo dhukkubsatan hojjetoota fayyaa adda biraati yookiin dhaabbataa tajaajila fayyaa isaaniif dhiheessu haasofsiisu qabu yoo mallattoo COVID-19 agarsiisan, isaaniis akkaataa isaan itti qorumsa argatan ni mijeessufi.

NAMOOTA BAKKA HIN MIJANNE HOJJETAN YOOKIIN JIRAATAN

Namootni bakka balaaf saaxilaama ta'ee jiraatan, kanneen akka bakka yaaliin fayyaa guutuun hin jire yookiin namoota mana jireenya hin qabne, namoota muuxannoo fayyaa kanneen mallattoo COVID-19 qaban gargaaru fi deggaruu danda'an qaban.

NAMOOTA DHUKKUBSATAN

Gartuuwwan armaan olii keessa hin jirtan yoo ta'e garuu immo mallattoo COVID-19 of irratti arga jirtu yoo ta'e, maaloo dhaabbataa tajaajilaa fayyaa isiniif dhiheessuf bilbila. Yoo dhabbatni fayyaa keessan qorumsa gaggeessa hin jiran ta'ee illee, waa'ee mallattoo isin agarsiiftani isinii wajjin ni mari'atu akkasumaas akka qorumsa argataniif haala isiniif mijeessu.

Infogirafikiin kun kan kalaqamee Bitooteessa 7, 2020. Odeeffannoo kan yoomiyuu jijjiramuu danda'u dha. Odeeffannoo dabalataf, fuula marsariti keenya COVID dawwadha: www.kingcounty.gov/covid."
Yoo waa'ee COVID-19 gaaffii qabatan kanneen afaan hiikaan ni jiru kutaa bilbilaa King County Coronavirus. Yoo namaa afaan isiniif hiikuu gaffachuu barbadan, gara 206-477-3977 bilbila.

Public Health
Seattle & King County